

## (HEPATITIS B – OROMO)

Dhukkuba Tiruu B, (Hepatitis B), dirannaalilmeetiin of irraadhorkuu danda'ama. Lilmee yeroo sadii guutummaa isaa yoo diratte jirenya kee guutuu ittisa siif kenna. Namootni taliilannaa (immunise) dhukkuba tiruu B, (hepatitis B), hin qabne balaa dhukkubichaa irra bu'u danda'u. Dhukkubni tiruu B yeroo dheeraaf tutture rakkoo fayyaa hamaa kan tiruu miidhu fi kaanserii tiruu namatti fidee nama ajjeesuu danda'a. Lilmee dhukkuba tiruu B, (hepatitis B vaccine), dirachuudhaan ofii fi maatii keenyaa haa ittisnu.

Yoo biyya alaatti dhalatte tahe lilmee tola kennamu tarii argachuu dandeessa. Namootni biyyoota dhukkuba tiruutiif dursi kennamuuf keessatti dhalatan fi Australia keessa jiraachuu waggoota 10 hin caalin lilmee tolaa argachuu danda'u. Biyyootni dursi kennamuufis kan dabalu China, Philippines, Malaysia, Vietnam, Afghanistan, Thailand, South Korea, Myanmar (Burma), Indonesia, Singapore, Hong Kong, Taiwan fi Cambodia dha.

Yoos, doktora fayyaa (GP) yokan neersii keetti dubbadhuu yoo si yokan maatii keetiif lilmeen dhukkuba tiruu B, (**hepatitis B vaccine**), ni barbaachisa tahe gaafadhu.